# ERGAA PHAAWULOOS GARA FILMOONAATTI ERGE

**1** Phaawuloos isa waayee Kiristoos Yesuusiitiif jedhee hidhamee fi obboleessa keenya Ximootewoos irraa;

Gara Filimoonaa, michuu[a] keenya jaalatamaa fi kan nu waliin hojjatu sanaatti; **2**akkanumas gara obboleettii teenna Afiibiyaatti, gara Arkiiphoos isa nu wajjiin loltuu ta'eetti, gara waldaa kiristaanaa isii mana kee jirtuuttis;

**3**Abbaa keenna Waaqayyoo fi Yesuus Kiristoos Gooftaa irraa ayyaannii fi nageenni isiniif haa ta'uu.

## Galataa fi Kadhannaa

**4**Ani yommuu kadhannaa kiyya keessatti si yaadadhutti[b] yeroo mara Waaqa kiyya nan galateeffadha. **5**Sababiin isaas ani waayee amantii[c] kee kan ati Gooftaa Yesuusitti qabduu fi waayee jaalala kee kan ati qulqulloota cufaaf qabduu nan dhagayaatii. **6**Akka ati waayee waan gaarii nu karaa Kiristoosiitiin qabnu hundumaa hubannaa guutuu qabaattuufis akka amantii kee namaan gawuun jabaattu nan kadhadha. **7**Yaa obboleessa kiyya, waan ati garaa qulqullootaa qabbaneessiteef jaalalli kee gammachuu fi jajjabeenna guddaa naa kenneera.

## Phaawuloos Filimoonaa Sossobachuu Isaa

**8**Kanaaf akka ati waan hojjachuu qabdu hojjatu si ajajuuf yoo karaa Kiristoosiitiin ija[d] jabeenna qabaadhellee, **9**Ani sababii jaalalaatiif jedhee si kadhadha; egaa ani Phaawuloos jaarsichii fi ammas Kiristoos Yesuusiif jedhee kanan hidhame, **10**Ilma kiyya Onesmoosi isa ani hidhamuu kiyyaan dhalfadhe sanaaf sin kadhadha. **11**Inni kanaan dura nama womaa si hin fayyanne ture; amma garuu siifis anaafis nama faayidaa qabu ta'eera.

**12**Anis waan inni akka garaa kiyyaa ta'eef deebisee gara keetti isa ergeera. **13**Yeroo ani wangeelaaf jedhee hidhamee jirutti akka inni bakka[e] kee bu'ee na tajaajiluuf[f] uf-biratti isa hambifachuu barbaadeen ture. **14**Ani garuu akka gaarummaan kee otoo dirqamaan hin ta'in fedhiidhaan ta'uuf waanuma tokkollee eeyyama kee malee gochuu hin barbaanne. **15**Tarii[g] inni yeroo

[a]1 ykn.*jaala/hiriyyaa;* [b]4 ykn *qaabadhutti;* [c]5 ykn *dhugeeffachaa;* [d]8 ykn *adda;* [e]13 ykn *fulaa;* [f]13 ykn na *gargaaruuf;* [g]15 ykn *gaafiini*

gabaabaaf siin gargarii bawuuni isaa akka ati deebiftee isa simattee hanga dhumaatti uf bira tursituuf ta'a. [16]Atis ammaan achi akka garbaatti otoo hin ta'in akka obboleessa jaalatamaa garba caalu tokkootti isa simadhu; inni keessumattuu erga anaaf akkas jaalatamaa ta'ee siif immoo fooniinis karaa Gooftaatiinis hagam caalaa jaalatamaa haa ta'uu ree!

[17]Egaa ati yoo akka jaala keetiitti na ilaalte akkuma na simatutti isas simadhu. [18]Yoo inni waanuma tokkoonillee si yakkee jiraate yookaan yoo waanuma tokkollee isa irraa qabaatte natti lakkaawadhu[i]. [19]Kanas ani Phaawuloos harkuma kiyyaan sii barreessa; waan ati isa irraa qabdus nattu sii baasa; akka ati mataan keetuu kiyya taate ani womaa sitti hin himu. [20]Egaa yaa obboleessa kiyya, ani karaa Gooftaatiin faayidaa kana sirraa argachuu nan barbaada; karaa Kiristoosiitiin garaa na qabbaneessi. [21]Anis akka ati waan ani si kadhadhu caalaa naa gootu beekuun ajajamuu kee abdadhee sii barreessa.

[22]Kana malees waan kadhannaa keessaniin Waaqayyo isiniif na kenna jedhee abdadhuuf mana keessummaa naa qopheessi.

[23]Ephaafiraan inni waayee Kiristoos Yesuusiitiif jedhee na wajjiin hidhame sun nagaya sii dhaama. [24]Akkasumas warri naa waliin hojjatan Maarqoos, Arisxaarkoos, Deemaasii fi Luqaas nagaya sii dhaamu.

[25]Ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos hafuura keessan waliin haa ta'uu.

[h]18 ykn *herregadhu*